Suuraa Oromoo Karaa Sabaahimaalee Oromoo Garagaraa Ijaaruu:
Injifannoo, Hanqinaafi Furmaata

Habtaamuu Dhugoo

Waraqaa Walgahii Deeggarsa Fiilmii Dhaabaa Wayyessaa, Halkan Dorrobaa, Iratti Dhiyaate.

Onkololessa 25, 2008
Miniyaapooliis, Minisootaa

Onkololessa 25, 2008. Miniyaapooliis, Minisootaa

SEENSA

Kabajamtoota keessumoota,

Aakka nama leellisaafi quuqamaa guddina fiilmii, aartii, ogbarruufi sabaahimalee Oromoo tokottifi akka nama dinqisiifataa hojiiwwan bareessa, fiilmi-tolchaafi gazexessaa beekamaa Obbo Dhaabaa Wayyeessaa ta'e glagala kana isn waliin asitti argamuun koo waan hunda caala na gammachiisa. Isinis fiilmii Oromoo haraa Halkan Dorrobaa horiidhaan deeggaruuf asitti argamuu keessan akka tarkaanfii gumaacha guddaa Oromummaaf godhuuf fudhattanittan ilaala.

Bara 1991tti yeroo Obbo Dhaabaa Wayyeessaa tapha waltajjii beekamaa Dukkanaan Duuba, Oromoota baayye boochiseefi seenaa isaanii hubachiise tiyaatira biyyoolessa Itoophiyaatti agarsiisan, ani ijoollee waggaa 11fi barataa sadarkaa tokkoffaa waanan tureef carraa taphicha ilaaluu hinarganne ture. Waggaa torba booda, bara 1998 Yunvaristii Finfinneetti barataa haraa wayitan ture, nama biyya kiyya kan narra bilchaatefi ogummaa Inginerummaan hojjetu tokkorraayin waa'ee Dukkanaan Duuba dhagaye. Gadifageenyi aartii, seenaafi aadaan Oromoo taphicha kessatti ijaarame akka isaafi Oromoota biroo tapha kana laalan boochiseefi barsiise natti hime.

Bilisummaa gabaaduun jalqaba 1990s irra argame waan badeefi Dhaabaa Wayyeessaa, akkasuma qabsaa'onni, artistoonnifi ogeyyonni gameeyyin Oromoo waan biyyaarraa mootummaa abbaairree Mallasiin godaansifamaniif, carraa Dukkanaan Duuba laaluu hinarganne. Gara boodarra Afaan Oromoo akka 'minor' tti barachaa wayitan ture asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa Godaannisaafi Gurraacha Abbayyaa dubbisee xiinxaleen ture. Gumaachi assosamoonni Oromoo kuni guddina og-barruu afaan Oromoof godhaa jiran guddaadha;karaa bal'aa saqanii jiru. Ani barreessitoota Oromoo qaamaan walbaruuf carraa guddaa argadheen ture. Hojiiwwan Asaffaa Tafarraa Dibaabaa, Gaaddisaa Birruufaas dubbiseera, isaan wajjinis walbaree irraa baradheen jira. Hundarra caala kan na boonsu hojii isaanii bartoota kootti beeksisuufi kitaaba saanii kaka'umsa dhuunfaatiin namoota birootti gurguruufi ofiifis bitachuun deeggaruu kooti. *Dhaamsa Abbaa* irratti hundaa'uun qorrannoo BA "Major Themes in Dhaamsa Abbaa: An Oromo Novel" jedhu katabeen ture.

Akka Gazexessaa Oromoo, barsiisaa Ogbarruu Afaanotaafi Ogummaa Gaazexessummaatti, galgala kana **ijoowwan dubbii armaan gadirrattan haasa'a:**

1. Rakkoowwan akka ogbarruun, sabaahimaaleeniifi aartiin Oromoo hinguddanne godhan burqaan isaanii essafi yoomirraa ka'e?
    a) Rakkoowwan tarsiimoo cunqursaafi duguuggaa aadaafi seenaa Oromoo mootummoonni habashaa hordofaa turaniif/jiran
    b) Rakkoowwan ummataa/haawaasa Oromoo kessaa maddan
2. Furmaatawwan suuraa Oromuufi Orumummaa guddisuu malan
    a) Furmaata yeroo gabaabaa
    b) Furmaata bilisummaa boodaa

Akkuma agartan ijoowwan dubbii koo bal'aadha. Kanaafuu, qabxiiwwan ijoo tahan waggaa ***170 (1838*** irraa kaasee***)*** duubatti deebi'uudhaan sin hubachiisuun yaala.

1. Rakkoowwan Akka Og-barruun, Sabaahimaaleefi Aartiin Oromoo Hingudaanne godhan Burqaan Isaanii Essafi Yoomirraa ka'e?

    a) Rakkoolee Tarsimoowwan Cunqursaafi Duguuggaa Aadaafi Seenaa Mootummoonni Habashaa Hordofanirraa Burqan

Tarsimoowwan mootummoonni habashaa waggaa 170 oliif hordofaa turan og-barruu, og-uumaafi sabaahimalee akkasumas qorannoo Oromoo qancaarsuufi ballessuu danda'anii jiru (Bulcha, 2002; Jalta, 2007). Rakkoowwan kana garee yeroo 4tti qooduudhaan nan ibsa.

Tokoffaa, bara 1838-1931 kaka'umsa sabboontota Oromoota bebbeekamoo gabrumaatti gurguramanii walboomaniin Awurooppaafi Biyya Oromoo kessatti ogbarruun barreeffamaa jalqabamuufi babal'achuu jalqabee ture.Bara 1839 , fakkeenyaaf, qorataan Geography lammii French E.M Jomabard jedhamuun beekamu tokko odeffanoo Oromoota garbumaarraa bilisooman **Gaba'oofi Wareerraa** argateen bareeffama qorannoo "Limmuu Oromoo" mataduree jedhu tokko jalatti *Bulletin de la societe de georgaphie* kessatti bareessee ture. Kunis, qorannoon Aafrikaarratti warra Awurooppaatiin godhamu keessatti gumaacha guddaa ta'ee ture.Gara boodarra, bara

1838-1842 biyya Jarmanii kessatti barsiisaan Oromoota gabrummaarraa bilsoomsamani (Akkafedhee Dallee,Oshuu Agaafi Amaan Goondaa) kan **Karl Tutschek** jedhamee beekamu tokko kitaabota Oromoo, tarii kan jalqabaa, ***The Dictionary of the Oromo Language and The Grammar of the Oromo Language*** jedhaman kitabilee lama barreessee ture. Bulchaan (2002:133) akka baressetti hojiiwwan Karl Tutschek dua'a isaa booddee bara ***1844*** gargaarsa obbolessa isaa ***Lorenz Tutschek*** n maxxanfamani ba'ani. Kunis Afaan Oromoo qorannoo Awurooppaa kessatti bebbeeksisurratti gahee guddaa taphatee akka ture Bulchaan ni dubbata.

Gama biraan, hojiiwwan wangeelaafi ogbarruun Oromoo akkasitti biyya ambaatti jalqabame kuni, karaa ***Onsesmos Nasib (1855-1931) fi Aster Gannoo (1871-1962) gara biyya galuu danda'e.*** Jarri kun lamaan abbaafi haadha og-barruu Oromoo jedhamuudhaan beekamu. **Onesmos Nasib bara 1899 Macaafa Qulqulluu** gara Afaan Oromootti hiike, hojiiwwan barsiisummaafi jijjiiruu ogbarruu Afaan Oromoof gummachan hedduu dalage. Aster Ganno, dubartii hayyuu xin-qooqa Oromoo beekamtuu kan taate, kibtaaba **The Oromo Spelling Book** katabde turte. Hojiin ishees qorattoota waa'ee Oromoo bayyee ishee booda dhufaniif madda eeramu ta'e. Asteer kennaa dandeettii afaanii ajaa'ibsifamaa akka qabduufi dhimma kanarratti Onesmosiif gorsituu olaantuu akka turte Bulchaan (2002) barreesse.

Rakkoo guddaan ogbarruu Oromoo bara **1838-1931** muudachaa ture hacuuccaa hayyoota Oromoo akka Onesmos Nasibifi Asteer Gannoorratti mootummoonni impaayera Itoophiyaa hoggantoota amantii Ortodokisiitiin waltumsuudhaan hojiin hayyoota kanaa akka hinbabal'anne dhorkaa turan--mana barumsaa isaaniifaa jalaa cufani. Kunis, mootummooni habashaa duula duguuggaa aadaafi aartii Oromoo irratti godhaa turaniif fakkeenya gaarii ta'a. ***Kitaabileen hayyooni Oromoo kunneen baressan waggaa 60 oliif ummata bira akka hingeenye awwaalamee ture.*** Haa ta'u malee, yeroo Xaliyaaniin Itoophiyaa umnaan qabatte, bara 1936-1941tti Afaan Oromoo akka afaan barnootaatti walabummaa gaarii argatee ture (kessumayyuu lixa Oromiyaatti).

Sabaahimaalee Oromoo Bara Mootii Hayila Sillaasee

Lamaffaa, bara **1932-1974tti** Afaan Oromoo akka afaan dubbiifi barnootaa hintaane mootichi Hayila Sillaaseen labsiidhaan dhorkee ture. Dhiibbaan kuni aartiifi ogbarruu Oromoo cancarsuu,awwaalufi ballessuu danda'ee ture. Akka namoota seenarraa dhageenyutti, yeroo kana **"Dhalli Oromoo kamuu kutaa 4 oldarbuu hinqabu"** jedhamee barumsarraa ugguramee akka tureefi loogiin sanyii irra gahaa ture. Yeroo kana Oromoon **maqaa arrabsootiin** waamamuun cimee itti fufe. Biyyi Abisiiniyaa bara 1933 (Jalata) tti Itoophiyaa jedhamtee moggaafamte. Aadaaniifi amantiin Amaaraa aadaa kaanirraa olaanaa akka ta'u bara dheeraaf hojjetanii jiru. Jaalataan namni baayyeen maqaa Itoophiyaa duriifi ishee isa amma kana addaan bafachuu hindanda'u jedheera. Kuni dhugaadha. Sababa kanaanis warra alaatiin biyyattiin akka lafa bishaniirraa kan walbummaa Aafrikaaf dhabbattetti dogogoraan fudhatama. Garuu Itoophiyaan ummatoota Habashaa lamanirraa kan hafe warra kaanifi Oromoo amma yoonattuu gita-bittaafi cunqursaa hamaa jalatti duguugaa jirti. Qorannoon Oromoo Awurooppaafi biyya kessatti eegalame akka ***dhaamufi*** akkasuma barreessitoonni Awurooppaa karaa masaraa biyyatti seenan odeffannoo dogoggoraatiin seenaa Oromoo akka xuressan tasifameera.

Sabaahimaalee Oromoo Bara Mootummaa Abbaa-irree Dargii

Sadaffaa, bara ***1975-1991***-mootummaan dargiis tarsiimoo guddian aadaa,seenaafi ogbarruu Oromoo dhorkuu moototni kaan jalqaban cimsee itti fufe. Baroota kana gidduttis hayyoonni Oromoo kuma hedduutti lakka'aman ajjeefamani, kumoonni hedduun biroo immoo Shororkessummaa Diimaa (Red Terror) dheessuun biyyaa ba'anii jiru.

1970'oota

Haala hammaataa kana huda kessatti, Oromoonni saboontonni biyya kessaa ogbarruu, aartii, sabaahimaalee guddisuurraa takkayyuu duubatti jedhani hinbeekani. Hojiiwwan hayyoota Marxist yeroo sanii kan akka ***Hayilee Fiidaafi Abdullaahii Yuusuuf*** gahee guuddaa taphatani jiru. Osoo Dargiidhaan hinajjeefamin dura, bara 1970'oota kessa

Hayilee Fiidaa hojiiwwan gadifageenyaan xiinxalaman lama gumaachee jira: **Afaanootaafi Jijjiirama (revolution)** mataduree jedhuun barruulee Afaan Amaaraa **Tatek (1972**) jedhamurratti barreeffama dheera gumaachufi kitaaba seerluga Afaan Oromoo cimaa, **Hirmaata Dubbii Oromoo** maxxansiise **(1973).** Irra caalattis, Qubeen gii'iizii Afaanota kaan bareessuuf hanqina guddaa qabachuu isaa hubachuudhaan, Afaan Oromoo **Qubee Laatiinii** akka katabamu Hayileen (Abbaa Qubee) yaada jalqabaa laate. Kanas osoo motummaa cehumsaa kessaa hinba'in waggoota 18 booda ABOn bara 1991/2 hojiirra oolche jira.

Tarsiimoowwan Mootummaa Abbaa-irree Tigiree (1991-todate)

- Oromoonni 3,085 seeran ala ajjeefamuufi 857 bakkabuuteen isaanii dhabumuun gabaafame (OSG, 1995-2003).
- Oromoonni kuma dhibba hedduun biyyaa baqatan.
- Oromoonni kuma 40 ol mana hidhaafi manneen kuusa namaatti hidhamanii jiru (Bulcha, 2002**).**

Akkuma mootummaan TPLF/EPRDF umna isaa cimsachaa adeeme, jaarmiyaaleen Oromoo kan hawaasaa, kan miidiyaa, kan aartii, kan siyaasa, kan dinagdeefi kkf cuccufamaniiru, hogantoonni isaanis yookan hidhamani, yookaan ajjeefamni yookaan biyyaarraa ba'anii jiru.Kessumayyuu, bara **1997 Gazexaa Oromoo beekamaafi guddaan Urjiin** cufamuun isaa mootummaan Tigiree karoora sabaahimaalee Oromoo walabaa mancaasuu akka qabu ifatti agarsiise ture. Gama aartii sirbaatinis, ***Waldaan Baandii Gadaa*** cufamuun aartistoonni baqannaafi ajjeefamuun ga'amani. Isaan kessa as jiraachu maltu galgala kana. Hojiin isin asii gumaachitan biyyatti gahee guddaa qaba. **Ebbisaa Adunyaafi Yoseef Gammachuu** kanneen ajjeefaman hedduu kessatti argamu. Umanni Oromoo ambarra jirtan kun imaanaa warra jiruuf du'eet baattu/nna.

Mootummaan gitabittuu aangoorra jiru bara 2008 kessa sabaahimaa Oromoo TV biyyatti, sagantaa Afaan Oromoo cufee jira. Gochi suukanessafi sanyummaa kuni gaazexessitoota 60 hojiin ala godhee jira. Bara 2005 asitti qofa, biyyatti kessa walumgala gazaxeessitoonni 100 ol akka baqatanii biyyaa bahan RAP21/WAN ni ibsa.

Yeroodhaan bakka afuritti qoodee wantin mul'ise kuni imaammatoota mootummoonni Itoophiyaa hordofanirraa kan ka'e, aartiin Oromoo akkuma sabichaa duguuggamaa jiraachuu isaati.

Afaan Amaaraafi Tigiree ogbarruu, sabaahimaalee akkasumas aartii isaanii manneen barumsa olaanoo kessatti barsiisa jiru. Ogeeyyonni aartii/sabahimalee habashaa hojii isaanii iddoowwan itti uumaniifi ummatan iittiin gahan dhunfataniitu jiru: Fakkeenyaaf, Tiyaatira Biyyolessa Itoophiyaa, Amphi Theatre, tiyaatira biroo, Sinimaa Ambaasaaddar, siinimaa mana qopheessa Finfinee, manneen kitaabafi muuziqaa garagaraa, istuudiyooleen gargara qabeenya habashootati. Karaa saayinsiis bakka itti muuziqaadhaan leenji'an- Yared music school qabu. Wanti hudumtuu harka isaaniti jira. Oromoon garuu dhabbilee maqaa dhahaman kanneen kessa yeroo yartuurree hinqabu. Hojii Oromoos itti agarsiifachuu hindanda'u. Haala dhokataafi sirnaawa ta'een aadaa ummata Oromoofi jireenya isaarratti hacuuccan godhama jira. Akka barruulee mootummaan maxxansu, **Abiyootawwii Dimokiraasii**, kessa barreeffamaan taa'etti, hayyoonni Oromoo, abbootiin qabeenyaafi aartistoonni, duula bal'aa "***saboonummaa dhiphoo"*** balleessuu jedhamu jalatti erga Oromootti duullamuu qabee wagootin darbaniiru.

b) Rakkoowwan Ummata Oromoo Biyya Kessafi Ala Jiranirraa Burqan

Aartiin, sabaahimaaleefi ogbarruun Oromoo kambiroo immoo ***sababiiwwan hubannaa dhabuu, sodaa guddaa qabachuufi tokummaa laafaafi jarmiyaa bibittinnaa'aa*** qabachuu Oromoota biyya alaaf kessarraa ka'e qancaruufi baduu akka danda'an fakkeenyota irraa barachuu dandeenyu kennuun nan muli'isa.

Tokoffaa, Oromoon gitabittaa Itoophiyaa jala yeroo dheeraafi jiraachuun isaa amala siyaasaa sabichaarratti sodaafi shakkii guddaa uumeera (Jalata, 2007:31-47). Jaalatan akka jedhutti, waggoota **kudhanoota jarraa 19faa** irraa eegalee, koloneeffattoonni Itoophiyaa tumsa umnoota impeeriyaalistii/babal'attuu Awurooppaa waliin umni ijaaramuufi looltummaa Oromoo cabe. Isarraayis kan ka'e, ummanni Oromoo miliyoona shantamatti siqu mootummaa Tigiree angoorra jiruun akka bineensa/ looni gaditti

laallama. Halli hukkaamsaa siyaasafi mirga dhabuu waliigalaa kuni ummati Oromoo ofumaan sodaatee sabaahimaaleefi akkasumas aartii isaa akka lagatuufi sababoota ijoo kessa tokko ta'ee jira. Mulgeetaa Hayilee, dargaggeesi barreessafi qophessan fiilmii Oromoo **Hadhaa** , fiilmichi Finfinee kessatti erga torban lama siinmaa kessatti argisiifamee booda, ***sababii xiqqaachuu ummata fiilmii kana laaluun addaan cituu isaa dubbata*** (Yeroo,2007:1).

Ummati keenya fiilmii Oromoo laalaa hinjiru. Kuni kan agarsiisu ergaa tolchitoonni fiilmii akkasii kuni gatiifi wareegama guddaa itti baasanii booda hawwiin gariin isaan ummata saaniif qaban osoo galama hinga'iin du'uu isaati. Kuni haamilee tolchitoota fiilmii haalaan miidha jira. Ummanni diinagdee isaan dhabsiisuun abdii akka muratan taasisaa jira. Abbootiin qabeenyaa keenyas fiilmiifi sabaahimaalee Oromoo maallaqaan deeggaraa waan hinjirreef, ogeeyyonni keenya oomisha isaanii gabaa baasuuf shakkiifi sodaa qabu. Shakkiin kunis kan maddu og-uumaa Oromoo siyaasa waliin walqabsiisurraa kan ka'efi. **"Osoo Filmii Afaan Amaara ta'e ispoonsarii goona"** akka jedhaniin Mulgeetaan ni dubbata.

Gama biraan sodaan jiru gara tolchitoota sabaahimaalee Oromoofi aartii Oromootinis sirriitti mul'ata. Fakkeenyaaf, tolchitoonni fiilmii Oromoo tokko tokko sodaarraa kan ka'e seenaa, hawasummafi siyaasa Oromoorraa aartii Oromoo kutuu yaala jirani. Anaaf, 'dhimmi aartii aartiif qofa' miti, aartiin bilisummaa saba tokko jireenya isa kallatti gargaraatin ijaaruun akka nu ilaalu/daawwannu taasisu qaba. Jijjiirama kessattis kuni barbaachisaadha.

Lammaffaa, sababa hanqina hubannootifi tokkummaa jarmiyaa dhabuurraa kan ka'e og-uumaanifi sabaahimaleen Oromoo ummata tolfameef bira osoo hingahin hafanii jiru. Yookaan immoo ummanni Oromoo biyya kessafi alaa waan oomisha aartii/sabaahimaalee isaanii bitachuu didaniif sabaahimaleen Oromoo tokko tokko ofuman kufuuf dirqamani. Asitti fakkenya bayyee tarressuun nidanda'ama. Gaazeexoonni Oromoo dhunfaa Finfinnee kessaa kan akka *Seifa Nebalbal*, *Finfinnee Post*, fiilmiiwwan akka *Hadhaafi Eelaa*, kasaaranii gabaarraa bu'anii jiru. Dabalata cunqursa mootummaarratti, amalli siyaasa sodaafi hubannoo dhabuu Oromoorraa kan

ka’es rakkoon gahaa jira. Ummati keenya barbachisummaa dinagdeen walqarqaaru cimsee hubachuu qaba.

Baruuleen ***Burqaa*** kan biyya USA kessatti maxxanfamu wa’ee aartiifi sabaahimalee isaa ho’ina dhabuu Oromoo biyyaa alarraa kan ka’e, rakkoo walfakkaata kessa darbaa jira. Akka vidiyoo You Tube irratti dabarsanitti, *Burqanifi* sabaahimaaleen Oromoo kan gadadeemaa jiraniif, dua’a jiraniif kanafi:

> gatii subscription yeroon kaffalachuu dhiisuu, Oromoon Afaan Oromoon aadaa waa dubbifachuu dhabuu, eebalufaa maxxansaafi sabahimalee siyaasa garee tokkoo oofu jechuun walqodufi bitachuu dhiisu, warra yeroof horii ogbarruufi aartii Oromootti baasaniif yaada keennuufi dhabuu, callisuu, nan ilaalatu jedhanii qarqaratti ba’ani dhabbachuu, osoo ofii omaa hingodhin nama biraarraa waa eegu.

Rakkoowwan akkasii kunneen yeroo ammaatti sabaahimaalee Oromoofi aartiin Oromoo ofumaan akka of ajjeesan taasisa jiru. Ani asii hiriyaa Gugsaa jedhamu kan Gaazexaa ***Seenaa*** jedhu eegale tokkon qaba. Gurbaan kuni sabboona cimaafi waa gochuuf nama tattaafatu, garuu osuma haasofnuu gazexaan isaa kan ogummaa gaariin qopha’e Oromoon naannoo Minisoota kuni omaa bitachaa akka hinjirreefi mallaqa tokko osoo hinkaffalin iddoo rabsamuuillee kaasanii kan hinilaalle ta’u natti hime. Kuni nama naasisa**.**

Sabaahimaleeniifi aartiin Oromoo afaan ittin Oromoon waa’ee isaa walittiifi addunyaatti dubbatuuni. Kanaaf, sabaahimaleen Oromoo haguma jiraachu ummatichaa barbaachisu waan ta’eef, horiifi ogummaan deeggaramuu qabu. Kana hinhubannu yoo ta’e, dubbiinsaa akka dubbii “saa’a abbaan gaanfa cabse…”san ta’a.

Fiilmii barreessafi qopheessa beekamaa Abiraahaam Jalataatin qophaa’e You Tube irratti Intarneetiin daawwadheen jira. Namni keenya, waanuma walaban itti kennan irree laluuf fedhiin isaa xiqqoodha.

Sadaffaa, seerri mirga waraabbii (copyright) biyya kessa hinjiru. Namni akkuma barbaade fiilmii, muuziqaa, aartii, kitaaba, barruulee ogeeyyonni Oromoo yeeroofi horii saanii ittigubanii gabaarra oolachan (hattoonni) seeran ala baa’isuun gurgurachaa jiru. Kuni rakkina seera dhabuu Itoophiyaa kessa jirurra madda. Gama biraan seerri copyright isaanii wayita cabu, aartistoonni Oromoo nama cabse hordofanii himachuu

irratti tattaaffii cimaa gochaa hinjirani. Kuni sirba, vidiyoofi, filmiii Oromoo gargaraa intarneetirratti osoo heyyama abbaa hingaafatin facaasu dabalata. Seera waraabbii hojii uumaa sammuu namaa wayita cabsinu, guddina aartiifi sabaahimalee saba keenyaa akka ajjeesaa jirru nuuf galuu qaba. Namni aadaa horii xiqqoo baasee waa bitachuu baruu qaba. Akkuma yoo beelofneefi daarre, nyaatafi uffata bitannutti sabaahimaalee keenya bitachuun fedhii bu'uuraa ta'uu qaba.

Afraffaa, Oromoonni baayyeen waan ofiirra waan afaan ormaafi aadaa ormaa dubbisuufi laaluu filachuu

Kana ilaalchisee dhugumaan rakkoo guddaatu jira. Hayyuun Oromoo inni guddaan Pirofeesar Asaffaa Jaalataa wanti jedhan sammuu koo kessa hinbadu, **"Oromoon waan Oromoon barresse hindubbistu!"**(Jecha afaanii, Hagayya 2, 2008 walgayii WQOtti). Kanaan ani guutumattan waliigala, namoota fiilmii Oromoofi miidiyaa Oromoo tolchan qofa osoo hintaane, hayyuuleen qorannoo geeggeessanii kitaabota barreessanillee, hojiin isaanii saba keenya kan alaatiin irraa bitamaa hinjiru. Oomishoonni kun biyya akka hingeenyeef mootummaa Tigireetiin waan dhorkameef, warri biyyaa akkamiyyuu isaan argachuuf dheebotan argachaa hinjiran. Kana lamaan gidduutti aartiiniifi sabaahimaleen ummata isaa bira gahaa hinjiru. Hayyoonni keenya wareegama horii,ofii isaaniifi, wareegama yeroo baasanii bu'aan itti argataa jiran hinjiru. Falladhaan, itti kasaarafi hamilee itti bu'aa jiru.

Shanaffaa, artiiniifi sabaahimaaleen (kitbaabilee dabalatee) Oromoo biyya ambaa kessatti bilisummaadhaan oomishaman biyya akka hingalle dhoowwamuu

Kuni guddina sabaahimaalee Oromoof gosa rakkoo guddaa biraati. Weellistoonni, barreesitoonni, tolchitoonni fiilmii Oromoo biyya ambaa jiraatan hojiin isaanii biyya akkan hingeenye **seeraan mootumaa Itoophiyaatin dhorkamaadha**. Seerri sabaahimaleefi pireesii haraan biyyattii kitaabotafi sabaahimalee gargaraa biyya alaatti tolfaman akka ol hingalle dhorka. Fakkeenyaaf, dhiyoodhuma kanatti wayitan biyya turetti kitaabolee Oromoo kan beektota ciccimoon barreeffaman manneen kitabaa maanneen barumsaafi yunvaristoota kessatti yookaan gabaa biyyatti kamirrattuu hinargamani. As gaafan dhufee, ogbarruufi og-uumaa bayyee arguun bitachuuttan ka'e

dheebuu koo baasuf. Mee ilaalaa, biyyaa mootummaan akka omtuu ol hingalle dhoowwee jira, asii immoo nuti ommaa walirraa bitaa walitti gurguraa hinjirru, kuni ofajjeesuu mitiiree? Paltalk qofarraa wacuun fayidaa malii nuuf kenna? Qabatamaan hojechuu qabna. Namni keenya wanta Oromoon biraa dalagu dubbisuuf, laaluufi dhageeffachuuf dheebochuufi boqannaa dhabuu qaba. Eenyummaa gadifagoo uummachuun kan danda'amus akkasitti.

Dayaspooraa waliin walqabsiise qabxiileen shanan ani armaa olitti kaase qabxiilee gurguddoodha malee hundumaa miti. Ummannni/hawaasonnni Oromoo adunyaa kanaa karaa baay'ee guddina aartii, ogbarruu, sabaahimalee gargaraa keenyarratti kan cunqursitoota osoo hinhanqatin ofiifis gufuu ta'aa jirra. Kuni hojii manaa guddaa nuuf haa ta'u. Nu hunduu dadhabinawwan gama jarmiyaalefi dhuunfaa keenyaa jiran kanneenirraa barachuun, amala keenya fooyyessinee caalatti fuulduratti kalattiilee hundaanuu tarkaanfachuu qabna.

2. Furmaatawwan Sabaahimaalee, Ogbarruufi Aartii Oromoo Guddisuuf Gargaaran

a) Furmaata Yeroo Dheeraa (Bilisummaan Boodaa)

Kuni furmaata tarsimoowwan mootummaan gitabittuu sabummaa, eeenyummaa, ogbarruufi aartii Oromoo balessuuf hordofu ilaallata. Mirga yaada keenya karaa walabaa dabarfachuu argachuuf, jalqaba ummanni Oromoofi saboonni cunqurfamoon biroo walaboomu qabu. Kuni yeroo dheeraa fudhachuu mala. Garuu, tokkoon tokkoon keenya saboota biroo akka keenyaa cunqursa jala jiran waliin tahuun qabsoo itti fufuu qofatu mala. Biyyoota jirru kessatti gochaawwan suukaneessoo mootummaa Itoophiyaa mul'isuuf jabaannee hojechuu qabna. Kessumaa Dargaggoonni Oromoo jaarmiyaa isaanii cimsatanii, Itoophiyaa kessatti mirgaafi haqa dhabuu saba Oromoo biyyoota aduunyatti beeksisuu qabu. Michuu waldhaansoo Oromoofi Oromiyaa gama hundaanii horachuun caalatti umnaan fuulduratti nu furgugsa.

b) Furmaata Yeroo Gabaabaa

- biyattis ta'e alatti sabaahimaaleen, ogbarruunifi og-umaan jireeya hawaasafi saba tokkoo kessatti barbaachisa ta'uu hubachuudhaan , oomishaalee sammuu kanneen bitachuun guddina isaanii deeggaruu;

- jaarmiyaalee bibittinnaa'ee umna dhabee jiru kana tokkoomsanii umnatti geeddaruu;

- waan ofii laaluuf/dubbisuuf/dhageeffachuuf fedhii guddaa horachuu, fedhii kanas itti fufiinsan qabaachudha;

- abbootiin qabeenyaa Oromoo sabaahimaalee irratti 'invest' gochuuf balaa (risk) fudhachuuf qophaa'uu qabu. Kuni hojii bu'aa guddaa argamsiisu maludha, garuu biyyattis ta'e asitti ciminaan itti hinadeemmamne. Dinnicha, xaafifi mishingaa yookaan dhugatiif nyaata daldaluurratti dabalee/ tarree abbootiin qabeenyaa keenya, odeffannoonis daldaluu qabu; odeffannoon gatii qaba, waan gurguramu, nus akkuma nama kamuu yoo gurgurre cubbuu hinqabu;

- mana daldala kitaabaa, mana vidiyoofi muuziqaa, istuudiyoo itti warabbiin taasifamu ijaaruurratti horii baasuu.

- obbo Dhaabaa Wayyessaa leenjii sabaahimaaleefi aartiif kan ta'u jiddu-gala tokko dargaggoota Oromoof biyyatti banuuf akka karoora jiru dhagayeen jira. Oromoonni dandeettii isaa qaban kuunis fakkeenya kana osoo hordofani bu'aa gaarii argamsiisu mala. Og-uumaafi sabaahimalee Oromoo wantoota gadoofan kessaa dargaggoonni keenya leenjifi shaakala qabatamaa ta'e dhabuudha. Dargaggoonni keenya carraa itti sooftiweerii baranee, istuudiyoo baranee, galma baranee argatanii itti

ummata isaanii barsiisaniifi bashannansiisan hinqabani. Kana qaamni isa ilaallatu martuu irratti hojechuu qaba;

- dargaggoonni Oromoo gurmaa'uun waa gochaa jiru (Ogina) daranuu cimuu qaba.
- ogeeyyii ogbarruu, barreesitoota, qopheessitoota gidduutti walitti dhufeenyi uumaamuufi hojiifi muuxannoo waljijiiruun akkasumas aadaa waliin ojjetanii waliin bu'aa qooddachuu uumuun feesisaadha. Warri fiilmii tolchan yaada haraa uumuu danda'u, akkasumas asoosamoota Oromoo jiran kan fiilmiif of laatanirratti hudaa'uun fiilmii tolchuu malu, kitabolee seenaafi aadaa dubbisuun yaada kessa argachuunis qabiyyee waan tolchinu nicimsa.
- warrii mahaallaqa qaban namoota ogummaa qaban qaxaruun damee kana babal'isu.

Furmaatonnin ani tarreesse kunneen falaasamaafi idiyoolojii guddaa Oromumaatiin gabbifamuufi tikfamuu qabu. Akkas goonan, seenaa nama ajaa'ibsiisu hojechuu/himuu dandeenya. Haasaa kana keessatti, gufuuwwan sabaahimalee, ogbarruufi og-uumaa Oromoo waggooti 170 darban muudachaa turan kaasuu yaaleen jira. Rakkoo duguuggaa seenaa, aadaafi ogabarruu Oromoorratti mootummonni habashaa dhufani darban geessisan akka rakkoo isa guddaatti xuqeera. Gama ummata Oromoo alaafi kessa jiraniinin, rakkoon sodaafi hubannoo dhabuu akkasumas wallaalummaarraa kan ka'e akka sabaahimaalee keenya gadi dhidhiita jiru agarsiise.

Waantoota jedhaman kana kessaa walkkaa isaanirraa barannee hojiirra oolchu yoo dandeenye, rakkina Oromoo, seeenaa Oromoo, aadaa Oromoo, hacuuccamuu Oromoo Oromottifi alagatti haal nama amansiisufi nama hawwatutti itti himuu dandeenya. Adunyaan bara kanaa barreeffama, suuraawwaniifi qorannootti amanti. Sabaahimaaleen Oromoos waan ummatichi qabuufi dhorkamerratti hudaa'uudhaan

fuula saba Oromoo ija adunyaa fuulduratti cululuqisiisanii ijaaruu danda'u. Barreessafi qopheessa pirojeektii fiimii haraa Halkan Dorrobaa Dhaabaa Wayyeessaa akka goota Oromoo tokkootti laaluudhaan haa deggarru. Hojiiwwan akkasii kuni egeree ijollee keenyaaf barbaachisoodha. Keessumaa, dargaggoonni Oromoo barbaachisumaa hojiiwwan akkasii hubatanii caalatti seenaa saba saanii ifatti baasuuf tattaafachuu qabu.

Cuuphata

Bulcha, M. 2002. *The making of Oromo Diaspora: a historical sociology of forced migration*. Mineapolis: Kirk House Publishers

Cerulli, E. 1922. *The folk- literature of the Oromo of southern Abysinnia*. Harvard African Studies III pp. 9-228.

Jalata, A. 2007. *Oromummaa: Oromo culture, identity and nationalism*. Georgia: Oromia Publishing Company.

Jimmaa Times. "*Mulgeetaa: aartiin dhimma aartii*". Retrieved 27 August 2008 from,

http://www.jimmatimes.com

Ogina.2008. *Ogina: Oromo arts in diaspora*. Retrieved 19 October 2008 from,

http://www.ogina.org/

Oromo Support Group. 1995-2003. *Human rights abuses in Ethiopia*. Press Release No 38 December 2002. Retrieved 19 October 2008 from,

http://oromo.org/osg/pr38.htm

OSA.2008. "Personal conference notes of conference proceedings"

Thomas, S. 2008. "The Ormo renassaisance within the marketplace of world literature", Conference presentation at the 22nd OSA annual conference: Mineapolis, Minessota.

Wayessa, D. 2008. "*Halakan Dorrobaa: a new film project by Dhaba Wayessa*". Retrieved 16 August 2008 from,

http://boornagaa.com